Seeminaara Dhimma Barnoota Af-lameefi Af-heddee

(AfOr. 323)



Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

BBO

Ebla, 2012 E.C

Roobee

Qopheessitoota Moojilichaa:

1. **Umar Aadam ---------- K/B/B/Roobee**
2. **Xaahaa Maammaa ----------K/B/B/Roobee**

Siilabasii koorsichaa

Mat- Duree Koorsichaa: Seeminaaraa Barnoota Af-lameefi Af-heddeerratti

Koodii koorsichaa: AfOr 323

Weyitii Torbanii: 2

Koorsii Dura Xumuramuu Qabu: Qorannoo Gochaa (Acr.301)

1. **Barbaachisummaa Koorsichaa**

Itoophiyaan biyya sabaafi sab-lammoonni hedduun keessatti argaman ta'uu isheerraan kan ka'e, manneen barnootaa hedduun aadaafi daa'imman hawaasa garagaraa irraa dhufan qabu. Haala kana keessatti, barsiisonni barannoofi dhiheessa fedhii barattoota aadaa garagaraa irraa dhufan kana guutuu danda'u qopheessuuf dhama'uu qabu. Barattoonni manneen barnootaa biyyittii keessatti argaman yoo xiqqaate, afaanota garagaraa sadii barachuu qabu (Afaan dhalootaa, Afaan Amaariffaafi Afaan Ingilizii). Kun immoo barsiisota barnoota afaanii, fedhii barattoota af-lameefi af-heddee guutan qopheessuuf gargaara.

Koorsichi kun kan bocameefis, Kaadhimmamtoota barsiisotaa, tarsiimoolee afaan barsiisuu dhimmoota barnoota af-lamummaa/af-heddeefi dandeettiilee afaaniirratti dhimmoota yeroo ammaan walqabsiisuun dandeettii isaanii dagaagsuuf qophaa'e. Kun immoo dandeettii ogummaa kaadhimmamtootaa dagaagsuun barachuu daa'immanii deeggara.

2. **Ibsa Koorsichaa**

Koorsiin kun kan bocameef, hubannoo kaadhimmamtoota barsiisotaa keessumaayyuu, gama moodeelotaafi yaadiddamoota dagaagina af-lamummaa, af-heddummaafi calaqqee yaadaddamichi barnoota isaanii keessatti qabu cimsuufidha. Yaadiddamootaafi moodeelota dagaagina af-lameerratti hundaa'uun kaadhimmamtoonni tarsiimoolee barsiisuu dhimma barnoota af-lameefi af-heddee keessumeessu dhiheesuun irraa eegama. Koorsiin kun kan kennamu kaadhimmamtoota barsiisotaa ***muummee Afaan Oromoo seemisteera lammaffaatti kan kennamu yoo ta'u, torbanitti sa'aatii lamaaf baratama.***

3. **Yaadrimee Seeminaaraa**

Seminaarri marii namoonni walitti qabamuun mataduree murtaawaa tokko irratti taasisanidha.Haaluma kanaan, seminaarri barattoonni *garee xiqqaa miseensota 10-15* of keessatti hammateen mata-duree murtaawaa tokko irratti mari'achuun hubannoo bal'aafi beekumsa akka gabbifataniif carraa ni'uuma.

Haata'u malee, marichi namoota waraqaa seminaaraa dhiyeessaniifi waltajjii gaggeessuu danda'an lamaan hoogganama.Waraqaan seminaaraa waraqaa mata-duree murtaawaa tokko xiinxaluun barreeffamudha.Akkasumas, waraqaan seminaaraa hojii qorannoo keessaa gosa tokko ta'ee, kan mata duree murtaa'e tokko dhiheessufi gareewwan fedhiifi kaka'umsa qaban hirmaachisudha. Kunis, irra caalaatti dhimma barnootaarratti xiyyeeeffata.Koorsii kanaa keessatti waraqaan seeminaaraa gareen haa hojjetamuyyuu malee, dhiyeessi hojii seminaaraa yeroo baay'ee miseensota garee keessaa nama tokkoon dhiyaata.Haata'u malee, qaama hundaaf bu'a qabeessa akka ta'uuf, *hirmaattonni warreen kun ittigaafatammummaa fudhachuun yaada gumaachuufi bakka barbaachisaa ta'etti gaaffillee gaafachuu* qabu. Gama biraatiin, ***barsiisaan/tuun koorsii kanaa adeemsa dhiyeessa waraqaa seminaaraa keessatti gaheen isaa/ishee haala mijeessuudha***.Kunis, ***hojicharratti ibsa kennuu osoo hintaane, gaaffilee maricha si'eessaniifi ho'isan gaafachuun hirmaannaa miseensotaa hundaa*** cimsuudha.

4. **Bu'aawwan/Barbaachisummaa Hojii Seeminaaraa:** waa'ee mataduree tokkoo gadifageenyaan xiinxaluuf, namoota waliin yaada waljijjiiruun akkaataa itti yaadan fooyyeffachuuf, muuxannoofi beekumsa namoota biroo irraa argachuuf, ilaalchota haaraa (new perspectives) argachuuf, hubannoo dogoggoraa duraan qaban adda baafachuufi osoo qorannoo bal'aa hinbarreessiin dura carraa shaakalaa barreessuu saayinsaawaa ta'e argachuuf.
5. **Osoo Waraqaa Seeminaaraa Hinbarreessiin Dura Wantoota Hojjetamuu Qaban**

- ✓ Barsiisaa/tuu koorsichaa waliin ta'uun kaadhimamtoonni barsiistotaa mataduree filachuu.Mataduree gaarii filachuun tarkaanfii isa bu'uuraafi jalqabaa ta'uun hojii seeminaara gaarii hojjechuutti nama geessudha.
- ✓ Sakatta'a og-barruu taasisuu (sakatta'insi og-barruu qaama barbaachisaa hojii waraqaa seeminaaraa kessaa isa tokkodha).Asirrattis kaadhimamtoonni barsiistotaa barsiisaa/tuu koorsii kanaa irraa deeggarsaafi gorsa barbaachisaa argachuu qabu.

6. **Tooraawwan Xiyyeeffannoo Seeminaaraa Dhimmoota Barnoota af-lameefi heddeerratti**

Kanneen armaan gaditti tarreeffaman mat-dureewwan kaadhimmamtoonni barsiisotaa irratti xiyyeeffachuun mat-duree seeminaaraa isaanii irratti akka qopheessaniif yaadaman: yaadrimeewwan aadaa, garee sabaa, hawaasa af-heddeefi barnoota aad-heddee, yaadrimeewwan barnoota af-heddeefi af-lamee, piriinsippilootaafi maleenyota barnoota af-lameefi af-heddee, dhimmoota ammayyaa barnoota af-lameefi af-heddee haala qabatamaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa Itoophiyaan walqabasiisuu, bu'aalee barnoota af-lamummaa fi heddummaa, mana barumsaa naannoo aad-heddee uumuu, gufuuwwan barnoota af-lameefi af-heddee, qajeelfamoota sabummaafi garaagartummaa aadaa, yaadiddamoota barnoota af-lamee, yaadiddamoota aad-heddeefi adeemsa baruu barsiisuu keessatti, ce'umsa barachuu afaan 1ffaa gara afaan lammaffaatti, barannoo fedhii barattoota aad-heddee guutu qopheessuu, beekumsa

aad-heddee barsiisotaa (beekumsa, dandeettii, ilaalcha), amaloota barnoota aad-heddee, sakatta'a imaammata barnootaa Itoophiyaa (imaammata aadaa, imaammata afaanii)fi kkf fa'a.

6.1. Ibsa toorawwan xiyyeeffannoo seeminaaraa

6.1.1. Aadaa: aadaan kuusaa beekumsaa, muuxannoo, amantaawwan, sonawwan, ilaalchawwan, meeshaawwaniifi kkf gareen saba tokkoo dhalootaa dhalootatti waliif dabarsudha.Akkasumas, aadaan agarsiistuu eenyummaa saba tokkooti.

6.1.2. **Garee Sabaa (Ethnic group)**

Gareen sabaa uummata ***karaa sanyii ykn hidda dhalootaa tokko ta'uun*** aadaa, haala taa'umsa lafaa, afaan, amantaa, haala uffannaa, haala walfakkeenya fuulaa ykn qaamaan tokko ta'uu danda'anidha.

6.1.3. Hawaasa Af-heddee (Multilingual society)

Hawaasa biyya ykn naannoo tokko keessa jiraachuun garee afaanota adda addaa hedduu dubbatanidha.

6.1.4. Barnoota Aad-heddee

Barnoonni aad-heddee dirree qo'annoo barattoonni seenduubeewwan adda addaa irraa dhufan carraalee barnootaa walqixa argachuu qabu yaada jedhurratti hundaa'a. Akkasumas, barnoonni aad-heddee tooftaa barsiisuu *piriinsippiloota hunda hammatoo, garaagarummaa barachuu barattootaa, dimokiraasii, gadi fageenyaan yaaduu, walkabachuu, ofibsuufi kkf kan of keessaa* qabudha. Barattoonni dhimma aadaa isaanii gara dareetti fiduun barsiisonni akka haala barachuu isaaniirratti deeggarsa barbaachisa tassisaniif gargaara.

6.1.5. Bu'aalee barnoota af-lamummaafi heddummaa

Akka Peal fi Lambert ibsanitti barnootni af-lameefi heddee bu'aalee hedduu qabu.Isaanis: Sadarkaa yaaduufi af-lamummaa gidduu hariiroo guddaatu jira. Af-lamummaan dandeettii xiinxaluu (mental agility) cimsuun yaad-rimee walxaxoo hubachuuf nama dandeessisa. Byalistok (1991) fi Diaz (1991) akka ibsanitti, af-lamummaafi adeemsi yaaduu (thought process), dandeettii qindeeffachuu fi sababeessuun hariiroo cimaa akka qaban addeessaniiru. Beekumsi barnoota afaan lammaffaan barsiifamu kan afaan tokkoffaarraa argamu waliin walitti dhihaata. Sadarkaan beekumsa afaan lammaffaa kan afaan tokkoffaan walitti hidhata ni qaba. (Chiwick 1991) Carraan aadaa waliin barachuu niguddata. Afaan sadaffaa barachuuf haala mijataa uuma. Namoonni af-heddee ta'an namoota afaan tokko qofa beekan caala dandeettii waliigalaa horatu. (Galambos, 1990 Ilaalchi namoonni af-heddee afaan barachuurratti qaban kanneen afaan tokko qofa beekan caala fooyya'aadha.

6.1. 6. Qajeelfamoota sabummaafi garaagartummaa aadaa

Qajeelfamoonni garaagartummaa aadaafi sabaa manneen barnootaa keessatti akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru: Barsiisonni aadaa fi eenyummaa barattootaa beekuu qabu. Haalli qabatamaa aadaa naannoo manneen barnootaatti sagantaa baruu-barsiisuu keessatti haammatamuu qaba. Barsiisonni akka

barattoonni aadaa isaaniin boonaniif aadaa fi afaan isaanii akka waliif qoodan: sagantaalee aadaafi qophiilee bashannanaa garagaraa qopheessuu qabu.Seeronni manneen barnootaa garaa gartummaafi mirga aadaa daa'imman hundaaf bakka kan kennan ta'uu qabu.

6.1.7 Yaadiddamoota Barnoota Af-lamee

Barnoota af-lameerratti yaadiddamoota armaan gadiitu jiru. Isaanis:

Yaadiddama madaalawaa (Balance theory): yaadaddamni kun afaan lama walcina baratamuu ibsa. Afaan lammaffaarratti baratamu, isa jalqabaarratti ijaarama. Af-lamummaa bifa afuuffeen lama sammuu barattoottaa keessatti baatamuun ibsa. Af-tokkeen immoo bifa afuuffee tokko sammuu keessatti baachuun walfakkeessa. (Beker 1993:190)

Beekumsa ijoo waliinii (Common underlying proficiency): yaadiddama kanarratti hundaa'uun: afaan tokkoofi isaan ol yoo fayyadamnu yaadni madda irraa nuuf dhufa, namoonni afaan tokkoofi isaan ol karaa salphaan baratu, dandeettiin dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuu A_1 fi A_2 , dagaagina yaad-sammuuf gargaaruufiilaalchi qajeelaa hin taane ga'umsa barattootaa gadbuusa

Yaadiddama Tireeshhoold (Threshhold theory): akka Cummins (1976) fi Skutnab-kangas 1979): yaadiddamni kun hariiroo yaaduu (cognition) fi af-lamummaa ibsa.Akkuma barattoonni af-lamummaa dagaagfatan dandeettiin xiinxaluu isaanii ni dabala. (The closer the students are to being bilingual, the greater the chance they have of obtaining cognitive advantages.)

Maladhahaa caas-luga walirratti hirkataa: hariiroo dagaagina A_1 fi A_2 irratti xiyyeeffata. Mala dhahiin kun namoota akka Vygotsky (1934, 1986) fi Cummins (1978) madde. Akka mala dhaha kanaatti, beekumsi A_2, beekumsa A_1 irraa dursa argame irratti hundaa'a. Dagaaginni A_1 olaanaan, dagaagina afaan lammaffaaf gumaacha guddaa taasisa.

6.1.8 Gosoota barnoota af-lammummaa

Madrid and Hughes, 2011, 28-03 gosoota barnoota af-lamee akka armaan gadiitti tarreessu.

1. **Barnoota af-lamee liqinfamuu gartokkee (Bilingual education by submerssion)**

Gosa barnoota af-lamee kana keessatti kaayyoon barnoota af-lamee daa'imman gara hawaasa afaan tokkoon haasa'uutti fiduudha.Fakkeenyaaf, sagantaaleen barnoota af-lamee U.S.A. keessatti kennamu bifa kana qaba. Daa'imman afaanota alaa keessatti hanga tokko yeroo jalqabaaf liqimfamu. Kana booda, afaan saba bal'aa barachuutti ce'u.kaayyoon isaa inni guddaan aadaafi afaan saba bal'aan walfudhachiisuudha.

2. **Sagantaa liqinfamuu (immersion program)**

Kaayyoon gosa barnoota af-lamee kun afaanota lama yeroo tokkotti dagaagsuurratti xiyyeeffata. Sagantaa afaan lamaan liqimfamuu biyya Kanaadaa fudhachuun nidanda'ama.

6.1.9. Barnoota Af-lameerratti dhimmoota dhiibbaa geessisan

Kanneen armaan gaditti tarreeffaman barnoota af-lameerratti kanneen dhiibbaa geessisanidha: of kennuu fi kaka'umsa barattootaa, dandeettii waliigalaa barattootaa fi dagaagina A_1, ga'umsa leenjii barsiisotaa, amalaa fi dhiheenya barsiisotaafi naannoo mijaawaa afaan tokkoffaa kan afaan lammaffaarratti dhiibbaa hin geessisnedha.

6.1.10. Tooftaalee daree barnoota af-lamee keessatti bu'aa qabeessa ta'an:

Carraa afaan lammaffaan haasa'uu guddisuu**, b**arattoonni beekumsa haaraa akka ijaarrataniifi waan dura beekaniifi haaraa akka walqabsiisan taasisuu, haala galumsaa badhaadhaa afaan barachuuf kennuu, wanti baratan akka sammuu barattootaa keessa akka turuuf dhimmoota barabaachisoo irra deebi'uuf, giraafii, maappii yaadaafi cuunfaa fayyadamuu,wantoota agarree barachuu barattootaa cimsan fayyadamuu**,** hojii gareen dalagaman heddumminaan fayyadamuu, barsiisonni dandeettii caas-luga afaaniin fakkeenya ta'anii mul'achuu qabu**,** malleeniifi gochaalee barachuu garagaraa fayyadamuufi dogoggora karaa ga'umsa qabuun keessummeessuu fa'adha.

6.1.11. Yaadiddamoota aadaa heddeefi baruu barsiisuu keessatti raawwii isaa

Barnoonni aadaa heddee gosa barnootaa aadaa hawaasa hedduu sirna barnootichaa keessatti haammatedha. Malli baruu barsiisuu sirna barnoota kana keessatti dhihaatu kabajaafi waliigaltee aadaa hawaasa garagaraa dagaagsuurratti xiyyeeffata. Barnoonni aadaa heddee naannoo daree barattoota saboota garagaraa irraa dhufaniif mijataa ta'e uuma.

Barnoonni aadaa heddee dhugaan maal fakkaataa?

Barnoonni aadaa heddee amaloota armaan gadii qabaata: Naannoo barumsaa hariiroo hawaasummaa qajeelaa cimsu ta'uu qaba.Sirna barnootaa aadaa hawaasa garagaraa cimsu ta'uu qaba.Ilaalcha barsiisotaafi hooggansa qajeelaa ta'e barbaada.Baroonni aadaa heddee qajeelaan karaa hedduun mul'ata: Qoqqoodiinsa sanyii barattoota gidduu hir'isuu,walitti bu'insi sabummaa manneen barnootaa keessatti hir'achuu,hirmaannaafi ga'umsi barattoota saba xiqqoo ol ka'uufi sirna barnoota aadaa heddee bocuu

6.1.12. Ce'umsa Barumsa Afaan Tokkoffaa Gara Afaan Lammaffaa

Baroota 1950 keessa, akka qorattoota xiin-sammuutti, afaan lammaffaa barachuun, akka xiin-qooqa afaanichaa amaleeffachuun baratamuutti fudhatamaa ture.Afaan tokkoffaan, afaan lammaffaa barachuurratti dhiibbaa akka qabus ibsamaa ture.Ce'umsi afaan tokkoffaa gara afaan lammaffaa qajeelaa yoo ta'e, barachuu afaan lammaffaa nideeggara.Caasaan afaanota lamaanii yoo walirraa fagoo ta'an, ce'umsi qajeelaan dhabamuu danda'a. Beekumsi afaan tokkoffaa keessatti barattoonni beekan gara afaan lammaffaa barachuutti ce'a.Fkn. dandeettii hiikkachuu (decoding skill), beekumsa caas-lugaa, tarsiimoolee waliigalaa, dandeettii mallattooleefi sagaleewwan walitti fiduu, beekumsa hariiroo barreeffamaafi dubbii, dandeettii xiin-hiikaafi xiin-himaa, beekumsa caasaa barreeffamaa,dandeettii hiika ijaarrachuu,beekumsa barnootaafi dagaagina yaad-rimee fa'a. Qabxiileen olitti tarreeffaman afaan tokkoffaa keessatti yoo dagaagan, gara afaan lammaffaatti ce'u.

6.1.13. Barannoo fedhii barattoota af-heddeef qopheessuu

Dareen barnootaa bakka barattoonni aadaa gara garaa irraa dhufan qixa ilaallaman ta'uu qaba. Kana jechuun, dhiheessi barannoo, gochaaleen barsiisuufi ilaalchi gaarii barattoota maraaf bifa walfakkaatuun mul'achuu qaba. Dareen barnootaa: Waliin hojjechuu kan cimsu, qindoomina kan qabuufi hariiroo kan cimsu, faayaan daree keessaa kan barattoota mara bakka bu'uufi hirmaannaa barattootaa kan cimsu ta'uu qaba.Akka qorannoon mirkaneessutti, namoonni odeeffannoo karaa garagaraan fudhatu.Kun immoo barsiisonni tooftaalee garagaraa fayyadamuun akka barsiisaniif qajeelcha.

6.1.14 Amaloota Barnoota Aadaa Heddee

Sirni barnootaa aadaa heddee amaloota armaan gadii qaba. Isaanis:

Dhiheessa (delivery): Sirna barnoota aadaa heddee keessatti dhiheessi barannoo garaagarummaa fi akkaataa barachuu barattootaa kan giddu-galeeffate ta'uu qaba. Daree keessatti mirga barachuu barattootaafis bakka kennuu qaba.

Qabiyyee (content): Qabiyyeen guutummaa fi sirrummaa qabaachuu qaba. Gumaacha garee maraaf kan bakka kennu ta'uu qaba.

Meeshaalee Barachuufi barsiisuu: Meeshaaleen baruu- barsiisuu garaagartummaa bakka kan kennaniifi loogiirraa bilisa kanneen ta'an ta'uu qabu. Meeshaaleen marti hacuuccaa fi loogiirraa bilisa ta'uu qabu.

Ilaalcha: Qabiyyeen barnootaa kallattii ilaalcha garagaraan dhihaachuu qabu.Qabiyyeen barnootaa barattoota hawaasa garagaraa irraa dhufaniif dhihaatu ilaalcha saba tokkoo qofa kan calaqqisiisu ta'uu hin qabu.

Dimmoota barbaachisoo hammachiisuu critical inclusivivity): Barattoonni gochaalee walirraa barachuu kan muuxannoo isaaniifi ilaalcha isaanii waljijjiiranitti hirmaachuu qabu.

Ittigaagatamummaa hawaasaafi siiviikii: Barattoonni sirna dimokiraasii keessatti sirriitti akka hirmaataniif haqa hawaasaafi itti gaafatamummaa siiviikii fakkeenyummaa qabu sirna barnootaa keessatti hammachiisuun barsiisuun barbaachisaadha.

Gamaaggama: sirni barnootaa yeroo yerootti guutummaa, sirrummaafi loogiirraa bilisa ta'uun isaa sakatta'amuu qaba. Duub-deebii maamiltootaa keessummeessuun barbaachisaadha.

6.1.15 Ulaagaalee Barnoota aadaa heddummaa

Akka Dr. James ibsetti, ulaagaalee barnoota aadaa heddee shan akka armaan gadiitti tarreessa. Isaanis:

Qabiyyee walitti makuu (content integration): akka ibsa Dr. Jamesitti qabiyyee walitti makuun dhimmoota hawaasa barnooticha baratuu qabaachuu qaba.Fkn. Qabiyyee dhimmoota Afriikaa Ameerikaanotaa, Meksiikoo Ameerikaa, Eshiyaa Ameerikaa kkf sirna barnootaa keessatti hammachiisuudha. Barsiisonni gosa barnoota garagaraa fakkeenyota namoota barnootaan milkaa'anii

sanyummaan: adii, gurraacha, amantaan: Musliima, Kiristaana, Waaqeffataa, kkf waliin makuun dhiheessuu qabu**.**

Beekumsa Ijaaruu (Knowledge construction): beekumsi daa'imman barnoota keessatti baratan kan bu'aa garee muraasarratti xiyyeeffatu ta'uu hin qabu. .Fkn Mata duree 'Warraaqsa warra Dhihaa' jedhu daa'imman yoo baratan beekumsa waldhahaa baratu. Daa'imman kallattiilee addunyaa garagaraa irraa dhufan yaada kana hubachuurratti rakkoon isaan mudata.

Barnoota Walqixxummaa (Equity pedagogy): barsiisonni daree keessatti yeroo barsiisan malleen barsiisuu isaanii haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun jijjiiruu qabu**.**

Jibbinsa Hir'isuu (Reducing Prejudice): daa'imman jibbinsa maatii isaanii gara dareetti fidanii dhufu.Kanaafuu, barsiisonni gosa barnootaa kamiiyyuu, jibba kana hir'isuun, ilaalcha sabummaa qajeelaa akka daa'imman horataniif hojjechuu qabu.

Aadaafi caasaa hawaasummaa aangessuu: daree barnootaa keessatti garee uumuurratti, qabxii galmaa'urratti, kanneen Ispoortiitti hirmaatanirratti, walitti dhufeenya mana barumsaa keessatti, kkf irratti of eeggannoon hojjechuun gaariidha. Darbees, manni barumsichaa bifa sabummaan maal fakkaataa? Barsiisonni eenyuu? Ogganaan eenyuu?Kanneenirratti dubbachuuf deemuun barbaachisaadha.

6.1.16 Imaammata afaanii fi aadaa Itoophiyaa kan yeroo ammaa sakatta'uu

6.1.16.1 Sakatta'a Imaammata Afaanii Itoophiyaa

Itoophiyaan biyyoota af-heddeefi aadaa heddeen beekkaman keessaa tokkodha.Biyyoota akkanaatiif imaammata afaanii gaarii qabaachuun barbaachisaadha. Imaammata aadaafi afaanii sirrii fayyadamuu dhabuun guddina aadaafi dinagdee biyya tokkoorratti dhiibbaa niqaba. Mootummoonni Itoophiyaa bulchaa turan Imaammata afaanii siyaasa isaaniif mijatu filachaa turan. Fkn. Mootii Teewodroos irraa eegalee mootonni Itoophiyaa imaammata afaanii mataa isaanii kan siyaaasa isaanii deeggaru filachuun biyyitti bulchaa turan. Yaad-rimeen imaammata afaanii seera murtii, qajeelfamoota gulantaa, daangaa tajaajila afaanichaafi mirga dubbattootaa kan haammatudha. Yaadni kun Afaan ingiliffaan akka armaan gadiitti taa'eera**.**The concept of language policy is mainly related to decisions rules, regulations and guidelines about the status, use, domains and territories of language and the rights of speakers under question"[1] (*Schiffman, 2005)* Mootummoonni imaammata afaanii qabaachuuf itti gaafatamummaa qabu.Imaammanni afaanii sadarkaa afaan tokkoo murteessa. Kana jechuun: afaanichi afaan biyyoolessaa ta'uufi dhiisuu,afaanichi afaan sabni bal'aan ittiin waliigalu ta'uufi dhiisuu, afaanichi afaan hojii waajiraalee, afaan barnootaa kkf ta'uu fi dhiisuudha.Qabxiileen olitti tarreeffaman kunneen imaammata afaaniin sadarkaa mootummaatti murtaa'a. Imaammanni afaanii bal'ina fayyadamaafi daangaa afaanichaa, afaan kamtu barnoota, bulchiinsa kkf haa tajaajilu jedhu murteessa.

6.1.16. 2. Gosoota Imaammata Afaanii

Imaammanni afaanii bakkaa bakkatti, yerooyerootti, siyaasa mootummootaa fi haala hawaasaarratti hundaa'uun garaa garummaa qabaata.Mootummoonni muraasni imaammata afaanii ifaa qabu. Gosni imaammata afaanii inni jalqabaa: Imaammata afaanii deeggarsa ragaa barreeffamaa seeraa kan qabu. Fkn Heera muutummaan barreeffamaan kan deeggarame yoo ta'u, gosni imaammata afaanii inni biroo imaammata afaanii dhokataadha. Kana keessatti mootummoonni imaammata afaanii seeraan deeggarame hinqabani.Fkn. seera aadaa qabaachuu danda'u

7. Caasaafi Caacculee Waraqaa Seminaaraa

Caasaafi caacculeen waraqaa seminaaraa kanneen armaan gadii of keessatti hammachuu nidanda'a.

Kutaa jalqabaa waraqichaa, qaama waraqichaafi kutaa goolabaa waraqichaati.

7.1. Kutaa Jalqabaa Waraqichaa

7.1.1. ***Qola Waraqichaa***

- ✓ Qola waraqaa seminaaraa irratti odeeffannoon kanneen akka mataduree, maqaa dhaabbatichaa, maqaa barreessaa/itotaafi guyyaa waraqaan seminaaraa itti xumurame barreeffamuu qabu.

7.1.2. ***Baafata Waraqichaa***

- ✓ Baafanni qola waraqichaatti aanee fuula of danda'e irratti qophaawa.

7.1.3. Baafata fakkiiwwaniifi gabateewwanii (yoo jiraatan)

7.1.4. Axereeraa :

- ✓ Axereeraan argannoowwan/haqawwaniifi yaadolee ijoo waraqaa seminaarichaa keessatti ibsaman hammachuu qaba.Kunis, fuula tokkoon gabaabbatee haabarreeffamuyyuu malee, ergaa guutuu seeminaarichaa dabarsuu danda'uu qaba. Kanaaf, axereeraan qabxiiwwan ijoo kanneen akka; dhimma xiyyeeffannoo seminaarichaa, malleen hojii irra oolan, argannoowwan ijoo, yaadawwan goolabaafi furmaataa ijoo ta'an hammachuu qaba.

7.2. Qaama Waraqaa Seeminaaraa

- ✓ Qaamni waraqaa seminaaraa yeroo baay'ee caacculee bu'uuraa sadii of keessatti hammata.

  a. Seensa b.Qaama gabaasaa c.Goolabaafi gudunfaa

7.2.1. Seensa

Seensi caacculeewwan armaan gadii of keessatti hammata: seenduuba dhimma seminaarichaa, ibsa rakkichaa/dhimma seminaarichaa, kaayyolee dhimma seminaarichaa, gaaffilee bu'uuraa dhimma seminaarichaa,daangaa dhimma seminaarichaafi mala dhimma hojii seminaarichaa .

7.2.2 Qaama Gabaasaa (The body of the report)

- Bakka itti dhimma seeminaarichaarratti xiinxalli gadifageenya qabu taasifamuufi barreeffamudha.

7.2.3 Goolabaafi gudunfaa

Bakka itti argannoon dhimma seminaarichaa akka tartiiba yerootiin, akka tartiiba faayidaa qabeessummaatiin, ykn akka tartiiba loojikaawaa keessoo qabiyyeetiin dhihaachuu danda'udha.Kunis, yaada qaama gabaasaa keessatti ibasamerratti hundaa'uu qaba.Guduunfaanis, bifa yaadiddama ykn/fi bifa yaadni furmaataa hojiitti hiikamuu danda'uun dhiyaata.

7.3. Kutaa Xumuraa (The last Section)

Kutaan kun maddawwan odeeffannoo wabii kitaabilee, joornaalotaafi madden biroo eeraman/tarreeffaman hammata . Tarreen maddeen odeeffannoo kunis dubbistoonni akkaataa madden kana argachuu dandeessisuufi guutuu ta'uun itti jira. Fakkeenyaaf,

a. ***Joornaalotaaf***: maqaalee barreessitootaa, bara itti maxxanfame, mataduree waraqichaa, mataduree joornaalichaa, lakkoofsa vooliyuumii isaa, lakkoofsa fuulaa jalqabaafi xumuraa kan waraqichaa.
b. ***Kitaabileef***: barreessaa, bara itti maxxanfame, mataduree, fi lakkoofsa maxxansaa (yoo jiraate), maqaa dhaabbata maxxansee, lakkoofsota fuulaa.
c. ***Wabii intarneetiif***: barreessaa fuula weebii, guyyaa fuulli weebiitti ba'e, mataduree fuula weebii, URL isaa guutuu.

Hubachiisa: Wabiileen gabaasa keessatti itti gargaarame hundi xumura waraqaa irratti tarreeffamuun taa'uu qabu; akkasumas, kanneen tarree madda wabii xumura irra jiran hundi kan qaama gabaasaa keessa jiran ta'uu qabu.

7.3.1. Dabaleewwan

Kutaan kun kutaa waraqaa seminaaraarratti kanneen akka gaaffilee mirkaneeffata ragaafi dhimma seeminaaraa kana irratti oddeeffannoo saassaabuuf hojiirra oolan; akkasumas, adeemsa hojichaarratti gochoota raawwatamaa turaniifi akka ragaatti dhiyeessuuf barbaadaman (fkn suuraa adda addaafi kkf) dabaluun dhiyeessuudha.

8. Qajeelfama Dhimmoota Barnoota Af-heddeefi Af-lamee

Koorsii kana haala sirrii ta'een hojiirra oolchuun milkaa'insa barbaachisu fiduuf gaheen barsiisaa/tuu koorsii kanaafi kadhimamtoota korsii kana fudhatanii olaanaa waan ta'eef xiyyeeffannoon guddaan taasifamuu qaba.Kaadhimamtoonni barsiistotaa osoo hojii seminaaraa hojjechuutti hingaliin, barsiisaan/tuun koorsichaa ofduree (orientation) barbaachisaafi koorsicha ilaalchisee yaada ifaa ta'e kennuu qaba/di. Kunis, qabxiilee kanneen akka: maalummaa seeminaaraa, bu'aalee seeminaaraafi adeemsawwan hojiin seeminaaraa hordofuu qabu ilaalchisee ta'uu nidanda'a. Dabalataanis, barsiisaa/tuun koorsichaa naannoowwan xiyyeeffannoo seeminaaraa kaadhimamtoonni irratti hundaa'uun mataduree filachuu danda'an sirriitti ibsuun kaadhimamtoota deeggaruu qaba/qabdi. Akkasumas, barsiisaan/tuun barattoota gareewwan to'atamuu danda'anitti qindeessuun, yemmuu adeemsa qophiifi dhiyeessa seeminaaraa ittigaafatamummaa dhuunfaafi akka gareetti qaban adda baasuun hubachiisuu qaba/qabdi.

Kanamalees, barsiisaan/tuun kun haala qabatamaa biyya keenyaan walqabsiisuun waa'ee barnoota af-lameefi af-heddee ilaalchisee ibsa gabaabaa kaadhimamtoota barsiistotaaf kennuu qaba/qabdi.

9. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Aad-heddee, Barnoota Af-lameefi Af-heddee, Yaadiddamootaafi Moodeloota Barnoota Af-heddee/af-lamee

Af-lameen dandeettii afaanota adda addaa lama akkuma dubbattoota afaan dhalootaatti dubbachuuti. Akkasumas, dandeettii dubbachuu, barreessuu ykn odeeffanoowwan walfakaataa afaanota lamaan hubachuu ykn dabarsuu danda'uuti.Gara biraatiin, af-heddeen dandeettii namni ykn hawaasni tokko afaanota adda addaa lamaa ol dubbachuu danda'uuti.Haaluama kanaan, haala qabatamaa Itoophiyaa yemmuu ilaallu, Itoophiyaan biyya af-heddee keessaa ishee tokko ta'uun biyya sabaafi sablammoonni 80 ol ta'an keessa jiraatanidha. Hawaasa walmakaa kanaafis, barnoonni af-heddee karaa kaayyoowwan barachuu barattoota seenduubeewwan aadaa adda addaa qaban fooyyessu keessaa isa tokkodha. Kanaafuu, daree barnootaa keessatti barsiisaan/tuun koorsii kanaafi kaadhimamtoonni barsiistotaa garaagarummaa uumamaa barattootaa kana xiyyeeffannoo keessa qalchuu qabu.

Akkuma barnoota af-heddee, barnoonni aad-heddees dhimma carraawwan barnootaa barattoota hundaaf dhiyeessu jedhuun kallattiiwwan: koornayaa, haala dinagdee, amantaa, afaan, aadaa, sabummaa fi k.k.f irratti xiyyeeffata. Walumaagalatti, barnoonni Aad-heddee:

Sirna barnootaa muuxannoowwan, beekumsaafi feedhiiwwan barattoota hundaa akkasumas, amantiifi koornayaa isaanii giddugaleeffachuun barachuufi leecalloowwan barnootaaf barbaachisu mirkaneessa.

Barattoota hundaaf waa'ee aadaafi akkaataa aadaan itti hojjetu irrattihubannoo kenna; akkasumas, gaheewwan namni dhuunfaanis ta'ee gareen aadaan akka uumamuufi hubatamu taasisuu keessatti qabu/qaban akka hubataniifi dinqisiifatan taasisuuf wixinee hojii (framework) dhiyeessa.

Barattoota hundaa keessatti hubannooaadaan walqabatuuumuunakka isaan muuxannoo isaaniitiin walqabsiisuun aadaafi afaan namoota biroo kabajan taasisa; akkasumas, fayidaa garaagarummaan aadaa akka leecallootti qabu jajjabeessa. Barattoota hundaa keessatti dandeettiiwwan, beekumsa, sonaawwaniifi ilaalchawwan dagaagsuun akka isaan dammaqinaan hirmaataniifi lammiiwwan baratan ta'an taasisuu.

Akka waliigalaatti, xiyyeeffannoon guddaan imaammata barnoota Itoophiyaa barnoota Aad-heddeerrattidha.Fakkeenyaaf, heerri Itoophiyaa akka ibsutti sabaafi sablammiin biyyittii kamiyyuu mirga aadaa isaa ibsachuu, dagaagfachuufi seenaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarfachuu niqaba. Imaammanniifi leenjiin barnootaa Ministeera Barnootaa bara 1994 akka ibsutti, sabaafi sablammiin Itoophiyaa afaan dhalootaa isaanii manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti akka afaan barnootaatti fayyadamuu nidanda'u.Barsiisaan/tuun koorsii kanaa barsiistota kolleejjii gosa barnootaa saayikoloojiifi sirna barnootaa barsiisan waliin mar'achuun ykn ta'uun kaadhimamtoonni akka yaadrimeewwan garaagarummaa (diversity), aad-heddeefi barnoota aad-heddee, yaadiddamootaafi moodeloota barnoota

af-lamee akkasumas, shaakalaawwan baruu barsiisuu barnoota af-lamee ykn af-heddee ilaalchisee yoo xiqqaate sa'aawwan ja'aaf odibsa (lectur) taasisuu qaba/di.

10. **Hojiiwwan Seeminaaraa Keessatti Adeemsawwan hojiirra oolan***:* mataduree filachuu, gaaffilee qajeelchoo qopheessuu , kaayyolee matadureewwan seeminaaraa wixineessuu, odeeffannoo funaanuufi xiinxaluu, yaada goolabaafi furmaataa barreessuu

Madda Wabiilee

Agora. (2004).The foundation on A Guide to the Seminar Method

Banks, J. A. (1994). *Multiethnic Education*.3rd edition. Boston: Allyn & Bacon.

Bakks, J.A., &Banks, C.A.M. (2001).Multicultural Issues and Perspectives. (4thed.). New York: Jon Willer& Sons, Inc.

Cohen, G. (2006). The development of regional & local languages in Ethiopia's federalsystem. *EthnicFederalism*. Burton, D: Ohio University.

FDRE. (1995). *The Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethioipia*. Addis Ababa.

Gay, G. (1994).A synthesis of scholarship in multicultural education. http//www.newhorizons.Retrieved on 20/5/09.

Sleeter, C. (1996).*Multicultural Education as a Social Activism.* USA: State University Press, Albany.

Wiggins, g. (2004). SocraticSeminars: guidelines authentic education.

Gaaffiiwwan Seminaaraa Dhimma Barnoota Af-lameefi Af-heddee(Afor-323)Barattoota Muummee Afaan Oromoo Idilee Waggaa 3ffaafi galgala waggaa 4ffaaf qophaa'e.

I. Gaaffiiwwan asii gadiitiif filannoowwan adda addaa dhiyaatan keessaa kan deebii sirrii ta'a jettu filachuun deebisi.

1. Hojii Seminaaraa ilaalchisee yaanni sirrii hintaane isa kam?

A. Seminaarri mata-duree walfakkaatu irratti hojii gareen hojjatamuudha.

B. Hojii qorannoo mata-duree garagaraarratti miseensota gareetiin gaggeeffamuudha.

C. Dhimma barnootaarratti qorannoo dhiyeessuudhaan fala kan eeruudha.

D. Hojii dhuunfaa caalaa aadaa waliin hojjachuufi mari'achuu kan jajjaabeessuudha.

2. Hojii Seminaaraa irraa Kaadh.barsiisotaa bu'aawwan maal argachuu danda'u?

A. Muuxannoofi beekumsa namoota biroo irraa argachuu danda'u.

B. Hubannoo dogoggoraa duraan qaban akka fooyyeffataniif gargaara.

C. Mata-duree tokko irratti xiinxallaa gadifageenyaa argatu.

D. hunduu deebiidha.

3. Barnootni Seminaara afaanii irra caalatti kan irratti xiyyeeffatu

A. Dhimmoota barnoota af-lameefi aad-heddee.

B. Imaammata barnoota Seenaa qopheessuu.

C. Ce'umsa barachuu afaan 2ffaa gara afaan 1ffaatti ta'u.

D. Barnoota garaagarummaa barattootaa keessummeessuu qopheessuurraa of qusachuu.

4. Hidda dhalootaan tokko ta'uu yookiin afaan, amantaan tokko ta'uu jedhu isa kam jalatti hammatama?

A.Barnoota aad-heddee B.Barnoota af-heddee C.Garee sabaa D.Barnoota af-lamee

5. Biyyi teenya Itoophiyaan biyya aad-heddeefi af- heddee ta'uu ishee kan agarsiisu

A. Kabaja ayyaana sabaafi sab-lammootaa B.Haala kennama barnoota sadarkaa 1ffaa

C. Mootummaa naannoolee qabaachuu D.hunduu deebiidha.

6. Barnootni aad-heddee amala isa kam of keessaa hinqabne?

A.Gadifageenyaan yaaduu B. Barnoota hunda hammatoo dareetti hojiirra oolchuu

C. Garaagarummaa barachuu barattoota dhabamsiisuu. D. Walirraa barachuu jajjabeessuu

7. Yaada bu'aalee barnoota af-lamummaafi af-heddummaa irratti dhiyaatan keessaa tokko sirrii miti.

A. Af-lamummaan dandeettii hubachuu cimsuun yaad-rimee walxaxoo hubachuuf nama gargaara.

B. Namni afaan tokko qofa beeku nama af-heddee ta'e caalaa ilaalcha afaan barachuu qaba.

C. Beekumsi barnoota afaan 2ffaan barsiifamu kan afaan 1ffaarraa argamu waliin walitti dhihaata.

D. Namoonni af-heddee ta'an dandeettii waliigaltee fooyya'aa ta'e qabu.

8. Qajeelfama garaagarummaa aadaafi sabaa manneen barnootaa kan ta'e isa kam?

A. Sirni barnootaa barsiifamu aadaa naannoo of keessatti kan hammate ta'uu qaba.

B. Seerri manneen barnootaa garaagarummaa aadaa daa'immaanii eeguurratti dirqama hinqabu.

C. Tooftaan barsiisuu barsiisotni qopheessan aadaafi eenyummaa barattootaa waliin hariiroo hinqabu.

D. hunduu deebiidha.

9. Qabxiilee asii gadii keessaa tokko yaadiddama barnoota af-lamee miti.

A. Yaadiddama beekumsa ijoo waliinii B.Yaadiddama amalaafi dhiheenya barsiisotaa

C. Yaadiddama madaalawaa D .Mala dhaha caas-luga walirratti hirkataa.

10. Yaadiddamoota af-lamee keessaa kan irra caalaa afaan lama walcinaa baratamuu ibsu

A.Yaadiddama Tireesh hooldii

B.Yaadiddama beekumsa ijoo waliinii

C. Yaadiddama madaalawaa

D. Mala dhaha caas-luga walirratti hirkataa

11. Kan gosa barnoota af-lamummaa liqimfamuu gar-tokkeen walqabatu isa kam?

A. Afaanota sab-lammiilee hedduu barsiisuurratti xiyyeefachuu

B. Barattoota gara hawaasa afaan tokkoon haasa'uutti fiduu

C. Afaanota lama yeroo tokkotti dagaagsuurratti xiyyeeffachuu

D. hunduu deebiidha.

12. Kanneen asii gadii keessaa tokko wantoota barnoota af-lameerratti dhiibbaa geessan keessatti hammatama.

A. Ga'umsa leenjii barsiisotaa

B. of-kennuufi kaka'umsa barattootaa

C. Dandeettiifi dagaagina afaan 1ffaarratti barattootni qaban

D. hunduu deebiidha.

13. Tooftaalee daree barnoota af-lamee keessatti bu'a qabeessa ta'aniidha.

A. Hojiiwwan garee heddduminaan fayyadamuu.

B. Carraa afaan 2ffaan haasa'uu guddisuu

C. Beekumsa duriifi haaraa akka walqabsiisaniif carraa kennuu

D. Hunduu deebiidha

14. Tooftaan daree barnoota af-lamee keessatti bu'a qabeessa hintaane isa kam?

A. Malleeniifi gochaalee barachuu gosa tokkoo irra deddeebiin fayyadamuu

B. Wantoota agaree barachuu barattootaa cimsan fayyadamuu

C. Dogoggora karaa ga'umsa qabuun keessummeessuu

D. Barsiisotni dandeettii caas-luga afaaniitiin fakkeenya ta'anii mul'achuu.

15. Waa'ee barnoota aad-heddee ilaalchisee soba kan ta'e isa kami?

A. Aadaa hawaasa hedduu sirna barnootaa keessatti hammachiisuu

B. Malli barsiisuu aadaa hawaasaa kan dagaagsu ta'uu

C. Dareen barnootaa barattoota aadaa garagaraa irraa dhufaniif mijataa ta'uu

D. deebiin hinqabu

16. Yaada isa kamtu amala barnoota aad-heddee hin ibsine?

A. Sirni barnootaa aadaa hawaasa garagaraa kan cimsu ta'uu

B. Hedduminni aadaa manneen barnootaa keessatti madda gaaga'amaa ta'uu

C. Naannoon barumsaa hariiroo hawaasummaa kan cimsu ta'uu

D. Ilaalcha barsiisotaafi hoggansaa qajeelaa ta'e kan barbaadu ta'uu

17. Barnootni aad-heddee qajeelaan karaa ittiin mul'atuudha.

A. walitti bu'iinsa sabummaa manneen barnootaa keessatti hir'isuu.

B. Hirmaannaafi ga'umsi barattota saba xiqqoo ol ka'uu.

C. Qoqqooda'iinsa sanyii barattoota gidduu hir'isuu.

D. hunduu deebiidha.

18. Ce'umsa barumsa afaan 1ffaa gara afaan 2ffaa keessatti ilaalcha dogoggoraa kan ture isa kam?

A. Afaan 1ffaan afaan 2ffaa barachuurratti dhiibbaa hinmaqfamne qabaachuu

B. Ce'umsi qajeelaan afaan 1ffaa gara afaan 2ffaa yoo jiraate barachuu afaan 2ffaa kan cimsu ta'uu

C. Caasaan afaan 1ffaafi 2ffaa kan walkiphan yoo ta'e ce'umsa afaanii qajeelaa kan uumu ta'uu

D. hunduu deebiidha.

19. Beekumsi afaan 1ffaa gara afaan 2ffaa barachuu keessatti ce'u ijoon isa kam?

A. Beekumsa hariiroo barreeffamaafi dubbii C. Dandeettii xiin-hiikaafi xiin-himaa

B. Beekumsa caas-lugaa D. hunduu deebiidha

20. Barannoo fedhii barattoota af-heddeef qopheessuu keessatti xiinxallamuu kan qaban maalfaadha?

A. Dareen barnootaa hariiroo barattootaa kan cimsu ta'uu

B. Gochaaleen barsiisuu barattootaaf mijataa ta'uu

C. Dhiyeessiin barnootaa aadaa barattootaa walqixa kan keessummeessu ta'uu

D. hunduu deebiidha

21. Kan ittaanu keessaa tokko akkaataa barachuu barattootaa giddugaleessa kan taasifatuudha.

A. Meeshaalee barachuufi barsiisuu C. Dhiyeessa

B. Qabiyyee D. Ilaalcha

22. Guutummaafi sirrummaa qabaachuu irratti kan xiyyeeffatu

A. Dhimmoota barbaachisoo hammachuu C. Ilaalcha

B. Qabiyyee D. Dhiheessa

23. Garaaagarummaa iddoo kan kennaniifi loogii irraa bilisa ta'uu waliin kan walqabatudha.
   A. Ittigaafatamummaa hawaasaafi siivikii C. Ilaalcha
   B. Gamaaggama D. Meeshaalee barachuufi barsiisuu

24. Kan ittaanu keessaa tokko duub-deebii maamiltootaa waliin hidhata kan qabuudha.
   A. Gamaaggama
   B. Dhiyeessa
   C. Qabiyyee
   D. Ilaalcha

25. Qabiyyeen barnootaa kallattii garagaraan dhiyeessuuf mijataa kan ta'eedha.
   A. Ilaalcha
   B. Gamaaggama
   C. Dhimmoota barbaachisoo hammachisuu
   D. Dhiyeessa

26. Kanneen ittaanu keessaa tokko adda.
   A. Beekumsa ijaaruu
   B. Barnoota walqixxummaa
   C. Jibbiinsa hir'isuu
   D. Qindoomina gamaaggamaa

27. Ulaagaalee barnoota aadaa heddee keessaatti kan ramadamu kam?
   A. Ittigaafatamummaa hawaasaafi siivikii
   B. Meeshaalee baruufi barsiisuu
   C. Jibbiinsa hir'isuu
   D. Sakatta'iinsa

28. Gaaffilee manni barumsichaa kaasee irratti dubbachuu barbaachisu waliin kan walqabatu kam?
   A. Jibbiinsa hir'isuu
   B. Barnoota walqixxummaa
   C. Aadaafi caasaa hawaasummaa aangessuu
   D. Beekumsa ijaaruu

29. Imaammanni afaanii maalfaa of keessatti hammachuu danda'a?

   A. Murtii seeraa

   B. Mirga dubbattootaa

   C. daangaa tajaajila afaanii

   D. hunduu deebiidha.

30. Yeroo ammaa afaanota Itoophiyaa keessaa deeggarsa imaammata afaanii kan hinqabne isa kam?

A. Afaan Daamot

B. Afaan Oromoo

C. Afaan Amaaraa

D. Afaan Tigree

31. Itoophiyaatti bara mootummaa Teediroos imaammanni afaanii kan irratti bu'uureffame

A. Baay'ina ummataa

B. mirga dubbattootaa kabachiisuu

C. faayidaa siyaasaa

D. hunduu deebiidha.

32. Gosoota imaammataa afaanii keessaa tokko adda?

A. Imaammata afaanii ragaa barreeffamaa hordofu

B. Imaammata afaanii seera aadaa hordofu

C. Imaammata afaanii dhokataa

D. deebii hinqabu

33. Kan kutaa jalqaba waraqaa Seminaaraa irratti hindhiyaanne

A. Mata-duree

B. Baafata

C. Seenduubee dhimma Seminaarichaa

D. Axereeraa

34. Qabxiiwwan ijoon kanneen akka xiyyeeffannoo seminaarichaa,malleen hojii,argannoowwan ijoo,goolabaafi furmaatni seminaaraa qaama maal jedhu jalatti dhiyaatu?

A. Seensa

B. Axereeraa

C. Qola waraqaa

D. Guduunfaa

35. Namni odeeffannoo madda ragaa irraa fudhatee itti fayyadamu wabii isaarratti dursa fiduu kan qabu

A. Barreessaa

B. Bara itti maxxanfame

C. Mata-duree

D. Lakkoofsa fuulaa

36. Caasaafi caacculee waraqaa seminaaraa keessatti kan hammatamu

A. Kutaa jalqabaa seminaaraa

B. Qaama seminaaraa

C. Goolaba seminaaraa

D. Hunduu deebiidha.

37.Namni Seminaara hojjatu tokko hunda dura kan inni raawwachuu qabu

A. Kaayyoo wixineessuu

B. Gaaffilee qajeeloo qopheessuu

C. Mata-duree filachuu

D. Odeeffannoo walitti qabuu

38. Maddeen odeeffannoo jalqabaa keessatti kan hammtamu isa kami?

A. Kitaabilee

B. Hima afaanii namootaa

C. Interneetii

D. Galaalcha

39.Gaaffiiwwan, mirkaneeffatni ragaafi suuraawwan addaddaa kan odeeffannoowwan Seminaaraa sassaabuuf hojiirra oolan kutaa maaljedhu jalatti dhiyaatu?

A. Dabaleewwan

B. Goolaba

C. Wabii

D. Axereeraa

40. Hojiin Seminaraa irra caalatti qaama barreeffamaa isa kamiin walfakkaata?

A. Kitaaba barnootaa

B. Gabaasa dhangala'aa

C. Qorannoo gochaa

D. Barreeffama Diraamaa

Deebii Gaafilee olitti kennamaniif

T/L	Filannoo	T/L	Filannoo	T/L	Filannoo	T/L	Filannoo
1	B	11	B	21	C	31	C
2	D	12	D	22	B	32	A
3	A	13	D	23	D	33	C
4	C	14	A	24	A	34	B
5	D	15	D	25	A	35	A
6	C	16	B	26	D	36	D
7	B	17	D	27	C	37	C
8	A	18	D	28	C	38	B
9	B	19	D	29	D	39	A
10	C	20	D	30	A	40	C